

YUNIVARSIITII DILLAA
KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA
MUUMMEE AFAANIIFI OGBARRUU OROMOO

SEENSA OGWALALOO OROMOO (AFOL 3081)

Bara 2012

Dilla, Etoophiyaa

BOQONNAA TOKKO

1. SEENSAAFI YAADRIMMEE OGWALAOO

Ogwalaloon goorowwan ogumaa keessaa umrii dheeraa qaabaachudhaan beekkama. Kunis ta'uu kan danda'e karaa ogwalaloo afwalalootiini. Ilmi namaa yeroo dheeradhaaf gaddaafi gammachuu, hawwiifi fedhii, akkasumas, dhimmoota haala jireenyaakeessattatti isaan mudatan ittin ibsachaa ture. Sirni barreeffamni osoo hinjalqabamin durayyuu afaaniin dubbatamaa turuun isaas ni amanama. Umriin ogwalaloo karaa ogafaan – afwalalootiin dheeraa waan qabuuf umrii afaaniifi jireenya ilma namaatiin walqixxeessa yaanni jedhus ni jira.

Walaloon inni hangafaa umrii dheerinaan beekamu walaloo dheeraa seenessaa “Epic of Gilgaameesh” jedhamee waamamu. Walaloon kun seenaa mootii Mesoppotaamiyaa (Sumer) waggaa 126f bulchaa ture Gilgaameesh irratti kan hundaa'ee yoo ta'u kan barreeffames dhaloota Kirstoos dura (Dh.K.D) bara naannoo 3000ti. Walalichi qubee duriin dhakaa irratti iddoo Baabiloon jedhamees waamamuttibarreeffame. Bakki kun har'a Iraaqifi Sooriyaa jedhamanii beekamu. Iddoon kun madda qaroomaa akka ta'e seenaan adda addaa ni agarsiisa.

Waloo beekamaa biyya Griikii kan ture Homer kitaabota walaloo *Iliad* fi *Odyssey* jedhaman kan barreesse Dh.K.D jaarraa 12ffaa booda akka ta'e amanama. Falaasaafi ogeessa seenaa Giriikii kan ture Heerooduutes akka ibsutti Homer Dh.K.D naannoo bara 850 jiraate.

1.1. Mala Dhahaawwan Madda Ogwalaloo

Ogwalaloon akkamitti jalqabamee gaaffii jedhuuf namoonni adda addaa yeroo gara garaa yaada adda addaa dhiyeessaa turan. Hundi isaaniituu kan itti waliigalan ogwalaloon yeroo akkanaa iddoo akkanaatti sababa kanaaf uumame deebiin jedhu jiraachuu dhabuu isaati. Jalqaba isaa ilaalchisee mala dhahawwan yookaan tilmaamonni (hypothesis)shan ta'an nicaqasamu (Yohaannis 2005:6)

1) Ogwalaloon Gocha Waaqeffannaan Walqabateti Uumame

Namni durii naannoo addunyaa gara garaa keessatti bifa waaqeffannaa adda addaa akka qabaataa turan ragaaleen ni agarsiisu. Akka hundeessitoota mala dhaha kanaatti namoonni dur jiruu isaanii keessatti gargaarsa nuuf godhan jedhanii waaqota itti amanan waliin ta'aniiti waaqeffatu; galatas galchuuf. Yeroo waaqotaaf galata galchanis sochiifi sirba gara garaa godhu. Tokkummaan ta'anii sirnaan lafa dhiitaafi sagalee olkaasanii galateeffachuun isaanii kun wanta haaraa uume. Wanti

haaraan kunis aartiidha jedhama. Yeroodha yerootti haalli galanni itti dhiyaatu kun jechoota gaggabaaboonbabbareedee dhiyaachuu jalqabe. Karaa biraatiin warri amantaan walqabsiisan immoo ogwalaloon kennaa rabbii waan ta'eef Waaqni kan ittiin galateeffamu kanniin jedhanis jiru. Kanaafuu, gocha waaqeffannaa kana jalqaba ogwalaloof ka'umsa kan isa taasisu dhiikisaafi yeedaloon (beat and rhythm) ibsamuu isaati jedhama. Mala dhahoon kun ogwalaloon guyyaa akkanaa jalqabame jechuu baatanillee ogwalaloon umrii dheera akka qabu mirkaneessu.

2) OgwalaloonHojiin Walqabatee Uumame

Namni duri gamtaan jiraata. Gamtaan hojjata. Jireenya isaa moo'achuufi dhiibbaa qaama biraatii (bineensota, haala qilleensaa) isarra gahu qolachuuf gamtaan socho'a. Waliin adamsa, waliin omisha, waliin diina ofirraa ittisa. Hojiin cimaan humna guddaa gaafatus yoo jiraate hanga danda'ameen humna isaanii qindeessuudhaan gamtaan raawwatu. Fakkeenyaaf, waan ulfaataa tokko sochoosuuf, dhakaa jabaa gara gangalchuuf bineensa guddaa garagluhuuf akka har'aa kana meeshaaleen ammayyaa osoo hinhojjetamin humna namaa tokkummaan fayyadamuun dirqamatu. Humna kana si'eessifachuufis sagalee tokkummaa isaanii cimsu waloona dhageessisaa akka turan ibsama. Akka yaadiddama kanaatti sagalee namoonni waliin ta'anii waljalaa qabuudhaan dhageessisan sun yaa'a, dhikkisaafi yedaloo waan qabuuf aartiin kun adeemsa yeroo dheeraa keessa uumama ogwalalootiif ka'uumsa jechuudhan ibsu.

3) Ogwalaloon Amala Uumama Namaafi naanoo Wajjiin Uumame

Dhalli namaa amala yookaan sansaka adda addaa qaba. Yooaare ni fiichala. Yoo dhukkubsate ni aada. Yoo gadde yookaan yoo miidhame ni boowa, yoo gammades koflee qiliixama. Jireenya guutuu isaa keessatti yeroodha yerootti adeemsi kun irra deddeebi'ee ni mul'ata. Aaduun, boowuuniifi gammaduun yedaloo mataa isaaniitiin ibsamuu danda'u. Akka yaadiddama kanaatti sagaleewwan miira gaddaafi gammachuutiin yaa'a, dhikkisaafi yedaloo mataa isaanii waan qabaniif uumamsa ogwalalootiif sababa ta'uu hinhafan jedhama.

Kanumaan kan walqabate kan biraa immoo namni naannoo jiraatu keessatti gochaaheen isa hawwatan hedduutu jira. Fakkeenyaaf, fincaa'aa bishaanii, danbalii garbaa, qilleensa mi'aawaa yeroo birraa, danbalii miidhaanii kan yeroo birraa oyiruu (maasii) irratti bitaafi mirgattiraafamuufi kkf ilaaluudhan namni kan keessa isaatti dhagahame ibsuuf jecha ogwalaloo uumees ni jedhama.

4) Ogwalaloon Guddina Afaanii Wajjin Walqabatee Uumame

Akka yaada mala dhaha kanaatti dhalli namaa dubbii isaa midhaagfachuuf fedhii olaanaa qabu irraa ka'eeti ogwalaloo uumuu danda'e jedhu. Dhalli namaa afaan fayyadamuu erga jalqabee yeroo gabaabaa booda dubbi mi'eechuufi bareedina itti uwwisuuf jecha osoo om mammaaksotatti, ciigootti, jechamootatti, ishinattiosomaa fayyadamuu ka'umsi aartiin kun ogwalaloon uumame jechuudhan ibsu. Beektonni hedduun guddina afaanitiin walqabatee uumamuu isaa haa deeggaran malee ogwalaloon bareedummaa dubbiitiif jecha uumame kan jedhu irratti mormii cimaa dhiyeessu.

5) Ogwalaloon Sirbaan Walqabatee Jalqabame

Namni yeroo waan yaade bira gahuufi kan jalqabe xumuru akkasumas gammachuu isatti dhagahamu sirbaan ibsata. Sirbaaf murteessaa kan ta'an immoo walaloofi yedaloodha. Deeggartoonni yaada kanaa umrii ogwalaloo umrii sirbaatiin walqixxeessu. Yeedaloofi dhikkisni sagalee jiraachuun isaa kun ogwalaloon sirba booda uumamuu isaati agarsiisa jechuudhan mormu.

Ogwalaloon umrii dheeraa qabaachuu isaa irraa kan ka'een akkuma ilaalchafi falasama beektotaa irraa maddeetti hiikni adda addaa kennameefi jira. Falasamoonni, hayyoonni ogbarruufi waloowwan adda addaa akka ilaalcha isaanitti hiika itti kennuuf haa yaalan malee tokkoyyuuguutumaan guututti yaadrimee ogwalaloo kan ibsu hinteechifne. Fakkeenyaaf, **Aristootil (384-322 BC)** kitaaba isaa *Poetics* jedhamu keessatti ogwalaloo akka damee dubbii/barreeffama nama amansiisuuf qophaa'utti (rhetoric) fudhata.

Maddi ogwalaloo **Romaantiisizimiidha** warri jedhaman immoo walakkaa jaarraa 18ffaa booda Awurooppaa keessatti sochii kan jalqaban yoo ta'u, hiikni isaan ogwalaloof kennan baayyinaan jaalalaan kan walqabateedha. Har'as taanan hiikni isaa kana jechuurra amala isaa ibsuutu salphata.

BOQONNAA LAMA

YAADDIDDAMOOTA OGWALALOO

2.1 Yaaddiddama Akkeessaa (Mimetic theory)

Akka Yaaddiddamni akkeessaatti ogwalaloon akkeessa adunyaa qabatamaa kanaa (real world), akka ta'eefi daaw'itii asiif achi garagaggalaa waa'ee adunyaa nutti agarsiisu ilaalcha jedhu kan qabuudha. Kunis ogwalaloon (ogbarruun) kan dhugaa adunyaa kanaratti hundaa'ee waa'ee jiruuf jireenyeenyaa ifa godhee namatti mul'isu jechuudha. Kunis ogwalaloon ogummaa dhugaa adunyaa qabatamaa kana akkuma jiruutti akkeesuudhaan ilmi namaa akka eenyummaa, jiruufi jireenya isaa haala alkallatiin akka hubatu godhu yaada jedhu qaba. Akka yaaddiddama kanaatti ogwalaloon ogummaa dhugaa adunyaa qabatamaa kanaa akkeessudhaan ykn fakkeessuudhaan dhala namaatiif dhiyeessuudha.

Yaada kana ilaalchisee falaasaan (philosopher) '**Socrates**'jedhamuu akka ibsutti ogwalaloon dhugaa adunyaa kanaa akkuma jirutti dandeetti callaqisiisuu hin qabu jedha. Garuu dhugaa adunyaa kanatti haala dhiyaatuun callaqisa yaada jedhu qaba. Kunis kan ta'eef ogwalaloon kan afaanitti yookaan jechootatti fayyadamuu waan ta'eef afaan immoo dhugaa tokko kan miira ilaallatus ta'e kan yaadaan walqabatu akka nuti qaamolee miiraa shananiin fayyadamnee hubanutti dhiyeessuu hin danda'uu ijannoo jedhu qaba (kunis akkuma fakkiin wanta tokkoo wanta dhugaa hanga tokko fakkeessee dhiyeessu ogwalaloonis adunuaa dhugaa kanatti dhiyeesse wanta tokko dhiyeessa malee wanticha guutuutti ta'uu kan hin dandeenye ta'uudha).

Yaada kanaan walqabatee hayyuun falaasamaa **Plato** jedhamu gama isaatiin ogwalaloon adunyaa dhugaa irraa harka sadiin kan fagaatu ta'uu nutti hima. Kana jechuun ogwalaloon gonkumaa adunyaa qabatamaa bakka bu'uu kan hin dandeenye ta'uu isaatifi garuu hanga tokko kan akkeesse dhiyeessu ta'uudha dubbata. Kanaafuu "Plato'n ogwalaloon kalaqa sammuu malee dhugaa bakka hin bu'uu ilaalcha jedhu qaba. Yaada hayyuu kanaatiin ka'umsi yaada kanaa afaan dhala namaa dhugaa/yaada/miira dabarsuuf barbaade sammuu namaa tokkorraa isa birootti akka sammuu nama yaada/miira dabarsuu keessa jiruutti dabarsuu hin danda'u yaada jedhu dabarsa (kunis Afaan wanta sammuu namaa keessa jiru guutumatti akkuma sammuu keessa jirutti dabarsuu waan hin dandeenyeefidha).

Yaada kana ilaalchisee hayyuun falaasamaa **Aristotle** garuu yaanni qabu ogwalaloon dhugaa adunyaa qabatamaa kan calaqqisiisuufi kan guddisee adunyaa dhudaa/qabatamaa kana akkeessee fi fakkeesse dhiyeessuu danda’u ta’uu ibsa. Yaanni ogwalaloo ilaalchisee hayyoonni dame kanaa hedduun irratti waliigalanis isuma kana (i.e poetry is the imitation of the actual/ real world). Gabaabatti yaaddiddamni akkeessaas yaada beektonni hedduun fudhatan kan’ogwalaloon daawwitti adunuaa qabatamaa kanaatii jedhu kana kan deeggaruudha.

2.2 Yaaddiddama Qabatamaa (Pragmatic Theory)

Yaaddiddama qabatamaan walqabatee yaanni jiru kaayyoon ogwalaloon guddaanadunyaa dhugaa kana akkeessee calaqqisiisuu osoo hinta’in tooftaawwan garaagaraa fayyadamee miiraa namaa booji’ee qalbii namaa fudhatee gammachiisuufi bashannansiisuudha. Kana jechuun kaayyoon ogwalaloo kanduraa bashannansiisuudha. Kaayyoon inni guddaan ammoo barsiisuu akka tae yaaddiddamni qabatamaani ibsa. Garuu akka yaada kanaatti ogwalaloon beekumsaa fi muuxannoo haalliifi tooftaan inni ittiin dabarsu bifa miira namaa booji’uufi bifa miidhagina qabuun ta’uu akka qabu ibsa. Ogwalaloon dursa kan kennuu qabu bashannansiisuuf ta’ee garuu bashannansiisaa muuxannoofi beekumsas kan dabarsu ta’uudha hima. Hayyuun **‘Horace’** jedhamu nama ijjanoo kana qabuudha.

Akka hayyuu kanatti ogwalaloon kaayyoo kana fiixa baasuuf ciminni/dandeettiin waloona tokko jechootaaafi caasaa afaanii, akkasumas currisa/miira (emotion/feeling) tartiibaa ga’umsa qabuufi haala miira namaa hawwatuu danda’uun dhiyeessuu inni qabu murteessaadha jedha. Akka ilaalcha kanaatti ogwalaloon afaan miidhaginaa qabuufi filatamaa ta’een fayyadamuun dhiyeessuufi tartiiba yaada/miira dabarsu sana cimsuun dabarsuu danda’uu irratti xiyyeeffachisa.

Kunis ogwalaloon haala kanaan dhiyaate bakkaafi yeroon kan hin daangeffamneefi kan hoggaa dubbifamu hunda akka haaraatti namatti toluufi kan ammas ammas na dubbisaa jedhuun ta’uu akka qabu nu hubbachiiisa. Gabaabatti ogwalaloon kaayyoo bashannansiisuu fi barsiisuu kana akka qabaatuuf jechoota qabatamoofi filatamoo kanneen fakkii miira/ yaada dabarsanii sana sammuu dubbisaa/dhaggeeffataa keessatti arga-yaada uumuu danda’uun dhiyaachuu akka qabaatu hubanna.

2.3 Yaaddiddama Ibsaa (Expressive Theory)

Yaaddiddamni kuni kaayyoo ogwalaloo ilaalchisee ijannoon qabu ogwalaloon kan barraa'uuf adunyaa dhugaa nuti miiroota qaamaa keenyaan bira geenyu akkeessuu/fakkeessuun dhiyeessuu osoo hin ta'in, kaayyoon ogwalaloo guddaan miiraafi muuxannoo walaan tooko dhimmoota adda addaa irratti qabu ibsuudha jedha. Kana jechuunis walaan tokko kaayyoon inni walaloo barreessuuf adunyaa kana fakkii isaa akka daaw'ittiiti deebisee nutti calaqqisiisuu osoo hin ta'in kan ilaalchaafi yaada/miira dhunfaa walichaa ibsuuf kaayyeffate ta'uudha.

Walaan tokko ogwalaloo barreessuuf garuu ulaagaan iinni guutuu qabaatu ni jira. Kunis sammuu cimaa naannoo, uumamaafi jiruuf jireenya ilma namaa gadifageessee xiinxaluu fi hubachuu danda'u qabaachuu walichaa ilaallata. Asirratti wanti guddaan dandeettii fi cimna sammuu walichaa qofa osoo hin ta'in dandeettii walichi dhageettii fi yaada sammuu isaa keessa jiru battalumatti haala nama hawwatuufi human qabeessa ta'een ibsachuu danda'uudha. Akka yaaddiddama ibsaatti ciminni ogwalaloo miiraafi ergaa dabarsu sana gabaabnaan garuu haala yaada bal'aa dabarsuu danda'uun jechoota filatamoo fi fakkii wanta sanaa sammuu dubbisaa keessatti uumuudhaan miira isaa too'atanii/ gammachiisanii/gaddisiisanii kaayyoo barraa'aniif galma geessuu danda'uudha.

2.4 Yaaddiddama Walabaawaa (Objective Theory)

Akka yaaddiddama walabaawaatti kaayyoon ogwalaloo adunyaa haaraa kan adunyaa nuti irra jiraannuun ala ta'ee fi kan walfakkenya hin qabne uumuudha jedhu. Adunyaan haaraa kunis kan arga yaad/ dandeettii waa uumuu walichaatiin uummameefi kan seeraa fi dhugaa mataasaa qabu akkasumas kan jiraattota mataasaa qabu, kan muuxannoo fi akkataa jireenyaa mataasaa qabu uumuu danda'uu jechuudha. Akka yaada hayyooni ilaalcha kana deeggaran jedhanitti adunyaan walichi dandeettii fi arga- yaad isaatiin uume kuni haala walhinfallessnee fi haala dubbisa/ nama amansiisuun barreessuu danda'uu walichaa irratti kan hundaa'u ta'uudha hubanna. Adunyaan arga yaad walichaan uumame kuni kan dubbisaa amansiisuu danda'uufi kan seeraa buulmaataa mataa isaa qabuu, fi kan dubbisaa amansiisu danda'u ta'uutu irraa eeggama. Kana jechuun walaan suni nama dandeettii fageessee waa yaaduu qabu fi kan dandeettii waan haaraa seeraa haraa tolcheefi uumuu danda'u ta'uu fi akkasumas kan adunyaa arga-yaad uume sana afaanitti fayyadamee barreessuu/ ibsuu danda'uu tauun kan irraa eeggamu ta'uudha.

BOQONNAA SADII

HIKKAWWAN OGWALALOO

Umrii dheeraa qabaachuu isaatti dabalatee sababoonni hiika tokko itti kennuun dadhabameef immoo kanneen armaan gadiiti.

- Garaa garummaa aadaa: Hawaasni addunyaa afaaniin, sanyiin, aadaan, bifaafi kkf garaa garummaa hedduu qaba. Kanaafuu, hiika ogwalalootiif ilaalchi aadaa hawaasa tokkoo murteessaa ture.
- Garaa garummaa miira jamaa: Dhaggeeffataan yookiin dubbisaan tokko walaloo haalli itti hubatu adda adda. Hundumtuu walaloon miira isaanii yoo kan hintuqne ta'e homaa itti hinfakkaatu. Gooroowwan ogbarruu biroo irra ogwalaloon miiratti dhiyeenya qaba kan jedhamuus kanumaaf. Waloo fi beektonni walaloos kanuma irraa ka'uun 'dhangala'a dhaga'ittiiti' (overflow of emotion) jedhanii kan hiikan (Asafa 1997:12). Walaloon waa'ee jaalala haadha nama tokko kan boochisu yoo ta'u nama biraatti hoomtuu hindhagahamu ta'a. Hundumtu dhimma miiraa isaa qirqirsuuf dammaqa.
- Garaa garummaa unkaa: Mullina walalichaa, itti fayyadama jechootaa, dhiikkisa sagaleefi kkf irratti hundaa'uun walaloon unkaa adda addaatin argamuu danda'a. Unkaa bu'ura gochuudhan ogwalaloof hiika kennuuf kan yaalames kanuma irraa madda.

Waloo yookiin walalootu duursa gaaffii jedhuuf immoo Asafaan (1997:12) yoo deebisu 'lukku moo killeet dursaa' gaaffii jedhuun walfakkeessa. Ogwalaloof hiika walfakkaatuufi namni hundi itti waliigalu kennuun baayyee rakkisaadha. Barreessaafi hayyuu biyya Ingiliizii kan ta'e Saamu'eel Joonsen yeroo tokko ogwalaloon maali jedhamee gaafatamee ture. Deeebin isaas "Lakki, ogwalaloon akkana jechuu irra ogwalaloon akkanaa miti jedhanii dubbachuun baayyee salphaada; hundi keenyaa ifni maal akka ta'e ni beekna. Haa ta'u malee maalummaa ifaa ibsuuf ni rakkanna" kan jedhu ture. Waloo Ameerikaa kan ta'e Roobert Firoost gaaffii walfakkaatu gaafatamnaa "ogwalaloon barreeffama waloonna barreessan" jechuun deebisee jira. Hayyuuleen lamaanuu kan deebisan ogwalalootti hangam hiika itti kennuun akka nama rakkisuufi gaafataan mataa isaatiin yaaduufi qoa'chuudhan akka bira gahu jecha yaada dhiyeessaniidha. Dhimma tokko irratti yaadrimee waliigalaa teechisanii dabruun yeroo baayyee namni sammuu isaatiin itti yaadee akka bira hingenye daangessuudha jedhameeti amanama. (Berhanu, 2003:5)

Mee armaan gaditti namoonni adda addaa hiika ogwalaloof kennanifi kitaabota hedduu keessatti caqasamanii jiran ilaaluf yaali. Hiikonni kunniin xiinxala guddaafi ibsa bal'aa kan barbadan ta'uun isaas hubatamuu qaba.

- Walaloo jechuun arrabatti gargaaramanii karaa ittiin waa'ee jireenyaa odeessanidha. (Robert Frost)
- Walaloo jechuun jechoota babbareedduutti gargaaramanii wanta dhugaa tokko karaa ittiin ibsanidha. (Dante Alighieri)
- Sababa dhugaa ta'e tokkotti gargaaramuun, ogummaa arga yaadaa keenya ittiin calaqqisiisnudha. (Samuel Johnson)
- Walaloo jechuun jecha filatamaa bakka filatamaatti fayyadamuu jechuudha. (Samuel Taylor)
- Dhageettii humna qabeessa bifa walirraa hincinneen dhangala'a yaadaa qabudha. (William Wordsworth)
- Ogwalaloon Yaada faaru qabeessa ta'edha. (Thomas Carlyle)
- Sissi'aayinni tokko haala safaramuu danda'u tokkoon yeroo taa'u jechuudha. (Thomas Hardy)
- Yaanniifi dhimmi ykn ergaan darbuu barbaadame tokko hiika kennuu qabuu olitti mataa isaa danda'ee daangaa darbuu qabu sanaa oliin yeroo darbuu jechuudha. (Gerard Manely Hopkins)
- Warraqsa jechaa jechatti gargaaramuun yoo dhimma itti baanedha . (Wallace Stevens)
- Wantoonni dhibbaa ol al tokkotti yeroo sirrii ta'etti dhufan. (Elizabeth Bishop)
- Ogwalaloon bocaafi barbaachisummaa addunyaa kanaa, ofiifi addunyaa kanaaf beekumsa akka argannu kan nu taasisuudha. (Dylan Thomas)

BOQONNAA AFUR

3. Qooqa Ogwalaloo

Qooqni ogwalaloo faayidaa xiinqooqni ogwalaloo keessatti qaburratti xiyyeeffata. Kana Hubachuuf gaaffilee armaan gadii yaali. Afeen tokko ogwalaloo tahuufi dhisuusaa akkamiin adda baastaa? Haalli qooqummaa ogwalaloo maaliif addummaa calaqqisiisaa?

1. Waljaafuu (Inversion)-

Waljaafuun caasaa xiin himaa hinbarreeffaminiifi hin walta'iin haala addaatiin walaloo keessatti fayyadamuudha. Kanaafuu, qooqni ogwalaloo haala duudhaa xiinqooqaarraa adda tahuusaa agarsiisa. Waloon sababoota adda addaatiif duraa duuba jechootaa waljala dabarsuun unka addaa uumee itti fayyadama.

Lammaffan immoo afaan ogwalaloo ulaagaa walaloo akka guutuuf foyyeffamni sadarkaa adda addaatti waan taasifamuuf. Qooqa ogwalaloo keessatti walaan caaccuuwwan xiinqooqaa hunda guutummaatti hordofuun dirqama miti.

2. Jechoota Guftan (classical/ old words)-

Jechootni guftan jechoota jaaroo fi durii dhalootni haaraan hin dhaga'iiniifi sonaan hinbeekneefi hubachuu hindandeenye akkasumas jechoota turan walaloo keessatti fayyadamuudha. Waloon jechoota akkanaa kanneen yeroo ammaa bal'inaan tajaajila kennaa hinjirreefi barreeffamadurduriiwwan adda addaa keessaatti fayyadamuu danda'a.

Fakkeenyaaf: Qu'u qu'uun nama gufuu buxule

Qasharamiin nama jaatanii bule

Kuuni nadhiisi jedha

Kuuni siin dhiisu jedha

Kiyya sijjaan hurure

Kan urkummaadhaan ture

3. Maqsuu (Hambisuu) Omission)

Qooqa ogwalaloo keessatti yeroo baay'ee walaan caaccuuwwan xiinqooqaa hunda hordofuuf waan hindirqamneef hambisuu danda'a. Maqsuun qabiyyee yookiin afee xiinqooqaa ittuma

yaadanii irraa dhiisuu yookiin hambisuudha. Sababnisaas, adeemsa walaleessuu keessatti yaadaafi sarara buufata walqixxaataa uumuudhan rukkutaa sirreessuufi yeedalloo uumuudhaaf gargaara. Hambisuun qubee biraa yookiin jechoota dhisuudhaan waloos suni miidhaginafi qabatamummaa akkasumas hawwatamummaa akka horatuuf gargaara.

4. Maqiinsa (Deviation)

Afaan ogwalaloo caasaa dudhaa xiinqooqaarraa maquu danda'a. kanaafuu, maquun adeemsa duudhaa xiinqooqaa barame tokko tokkorraa beekatuma goruudha. Sababni kanallee miidhaginaafi xiinhiika cimsuudhaafi maquun sadarkaa xiinqooqa adda addaatti kan mullatuufi tartiiba adda addaallee kan hordofu. Maqiinsa sadarkaa xiinsagatti, xiinjechaatti, xiinhimaatti, xiinhiikatti fi seerlugaatti mullachuu danda'a.

5. Wabeessuu (Allusion)-

Qooqni walaloo wabeeffachuutillee gargaaramuuf kennataa ta'eef waloos:-

- ✓ Yaada nama beekamaa
- ✓ Iddoo, aadaafi amantii
- ✓ Raagamtaafi afseenaa
- ✓ Kitaaba qulqulluu (qur'aana)
- ✓ Ogummawwan durii keessaa yaada ijoo adda addaa fudhachuun wabeeffachuun ni danda'ama.

Waloos tooftaa kanatti kan gargaaramu yaada tokko gama birootiin dhiyeessuun muuxannoo ilaalcha gama biraatiin jiruun cimsuudha. Ogummi damee muuxannoo daangaa beekumsaa hin qabne waan ta'eef waloos madda beekumsaa adda addaatti gargaaramuun irree hojii kalaqasaa cimaa taasisa.

BOQONNAA SHAN

4. Amaloota Ogwalaloo

Ogwalaloon akka aartii qunnamtittii amala asoosamoota biroo keessahu dhangala'arraa adda isa taasisu hedduu qaba. Amalootni kunniinis qabatamummaa, argayadatamummaa, muziqumummaafi diraamummaadha.

4.1.Qabatamummaa

Walaloon barreeffama dhiyaannaa uunkaafi qabiyyee addaa muuxannoo namoota gammaddoo keessaa madda. Waloon yookiin ogwalaloon mudannoowwan, miirawwan, ilaalchawwaniifi hubannoowwan yookiin hubannoo waloo kan ibsu gocha yookiin haala qabatamaa tokko bocee dhiyeessuudhani. Ogwalaloon wantoota addunyaa kanarratti qabatamaan jiraniifi miseensoota hawaasaarratti mul'atan akka miira dubbisa yookiin dhaggeeffataa tuquttii lubbuu itti horee dhiyeessa malee abjuu miti. Muuxannoo dhiyaatan sun kallattii yookiin alkallattii tahuu mala. Gaheen walalooakka falaasama yaadaa tokko addeessuu, hiikuu yookiin hariiroo kawwaan wajjiin jiru (tokkummaafi garaagarummaa) balballomsuuf yaaluu osoo hintaane dhugaa jiru ibsuu yookiin agarsiisuudha. Walaloon dhugaa tokko agarsiisuuf haala /taatee tokko uuma. Haala sana keessatti wantoota mul'ataan, dhagahaman, tuqaman, dhandhamaniifi miiraan hubataman hirmaachisuun muuxannoosatti lubbuu hora.

Fakkeenyaaf jiruun namaa

 Namaa haa baasuus

 Namaa haa nyaatus

 Galanni isaa

Kofalsiisaa boboosisaa

Sossosa dhahaan isaa (Asefa 1997- Edas Edanas)

4.2.Qusatamummaa (Compactness).

Ogwalaloon dameewwan ogumaa kamiyyuu caalaa jechoota muraasatti fayyadamuun yaada bal'aa dabarsuu danda'a. Jechootni hundi yaada bal'aafi suuraa sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti uumuuf humna walqixa hinqabani. Ogwalaloon odeessaafi tarreessa miti.

Waloona itti aggaamama jamaatu keessaa garmaama. Qusatamummaan jechoota yookiin fuula waraqaa muraasaarratti dhiyaachuu jechuu miti. Waan tokko yommuu dhiyeessu yaada callaa fakkeenyaafi hiika hintarreessuu jechuudha.

Fakkeenyaaf :- **Jiraatte, Jiraattu**

Osoo ishiin hinjirree

Eenyuutti qabattuu?

Namootaa hinjibbinaa

Sheexanni haajiraattu Abraham Tasfaayee (2006).

Walaloon kun dhangala'aa yookaan walaloo odeessaan dhiyaate osoo ta'ee jechootaafi himoota hedduutti fayyadama ture. Waloona kun dhaamsa dabarsuu barbaade galmaan gahuuf jechoota ciccimoo tartiiba gaariin iddoo falatamanitti galchuun dhiyeesse.

4.3.Muuziqummaa (Yeedalummaa)

Muuziqaanbu'uurawalalooti. Walaloonmuuziqaadha. Bu'uurrimuuziqaafaaruu, weedduu, farfannaa, geerarsaafibooyicha. Mararfannanilleeakkasumamuuziqaanqindoominaogummaafiaartiidhaamsas agaleeti. Fakkiiwwansagaleefakkiiwwan jechootaattideeggaraniiyoodhiyaatanfaaruuumu. Fakkii wwaansagalee, fakkiiwwan jechootaatiin, sochiiqaamaatiindeeggaramaniiyoodhiyaatanshubbisayookiinragadajedhamu. Jechootniogwalaloo miidhaginamiirabooji'uuf human sammuuto'atuqabu. Toorawwaanbuufatawalalookeessaawalqixxummaanyaa'aafisafarayoojiraatei saaniswaltumsaniiyeedalloouuma. Yeedalloondhikkisayookiinkiloleedanbaliisagaleefijechootatoo rabuufatawalaloowalalookeessattiuumanirraamadda.

Fkn 1: Waa sittidhaammadha/ allaattiinatigori

Dhaamsakiyyasfuudhii / samiirraanbarari

Galamsoofibaddeessaarraa / ciroogubbaanmarii

Nagaadhaanaafjedhii / bareedduu cararii

Walaloonosoobifadhangala'aatiindhiyaateemiidhaginamuziqummaahammanaa kana
gonfachuuhindanda'u. Hangabarreeffamandhiyaatesagaleenosoodhiyaate ammo
yeedalloonisaacaalaattimullata.

Fkn 2: Geerargeerarnaanjedhu

Geerariinmaalnaagorsuu

Dhiiragaraanhinobsu

Anoomaallangeerara

Taa'eenyaadayeelala.

4.4.Arga-yaadummaa (imagination)

Hojiin ogbarruu kan barreessaan adunyaa qabatamaa kanaratti hundaa'ee garuu dandeettii argayadaa fayyadamee wantoota miira kenya shananiin odeeffanno arganuun olitti deemee wanta ta'uu nidanda'ama jedhamee yaadammuuumuu danda'uudha (**it is a form of composition that relies heavily on the composer's or writer's mental journeys that take him beyond the realms of the given to a world of fantasy or of the mind**). Kana jechuun barreessaan hojii ogbarruu tokko bakkaafi yeroo nuti beeknuun olitti deemee adunyaa arga yaadaa umuun miiraafi qalbii keenya bashannansiisa ykn akka muuxannoo argannu nu gargaara. Fkn bulguu, nama bararuu danda'u, bineensa/uumama nama caalaa dandeettii waa hundaa qabu kkf barreessaan arga yaada isaatiin uumee adunyaa nuti qabatamaan agarree ykn dhageenyee hin beekne waliin walnubarsiisa jechuudha. Barreessaan tokko adunyaa arga yaadaa kana kan uumu beekumsaa fi muuxannoo akkasumas mudannoo naannoo isaa jiru irratti hundaa'eti haa ta'u malee adunyaan inni uumu kan wanta beeknuufi miira shananiin wanta hubannuun olitti deemuudha. Kanaafuu hojiin ogbarruu qalbiifii miira keenya adunyaa olfuudhamaa (ideal world) waliin wal nubarsiisa jechuudha.

Gama biraatiinis ogbarruu keessatti qooqni (language) inni itti fayyadamuus kan miiraa fi muuxannoo keenya haala hawwataa fi miidhagaa ta'een dhiyeessuu danda'uudha. (**A good artist always find or imagines a fresh way of expressing ordinary experiences thereby raising them to a level that appears to be out of the ordinary**). Kanas kan hojitti hiiku malleen dubbii garaagaraa fi tooftaawwan ogbarruu kanneen dandeettii yaadaa fi muuxannoo qabatamaa godhuu danda'anii fayyadamuudha. Haala kanaan dubbisaan/dhaggeeffataan hojii ogbarruu akka yaadaan adunyaafi

muuxannoo olaanaa keessa daaku isa gargaara. Aristootil beekaan jedhamu akkana jedha ogbarruun wanta ta'uu dandau (probable) irratti waan xiyyeeffatuuf ogummaa olaanaa isa taasisa jedha. Gosti barnootaa kanneeb biro garuu adunyaa qabataa qofarratti dangeffamoodha jedha.

1.1.2 Dandeettii waan haaraa uumuu (creativity)

Ogbarruu keessatti barreessaan dandeettii waan haaraa umuu fayyadamee barreessa. Kunis arga yaadaan kan walqabatuudha. Waan haraa uumuun kunis wanta qabatamaan hin jirre garuu kan jiraachuu mala jedhamee yaadamu uumuu danda'uu isaati. Kunis wanta amanuuf nama rakkisu, akkasumas wanta hin danda'ane fakkaatu akka danda'amuu godhee dhiyeessuudha. Kunis dandeettii waan haraa uumuuf yaaduu dubbistootaa gabbisa ykn dubbisaan adunyaa beeku qofaan akka dandeettii isaa hin daangessine isa gargaara jechuudha. (The literary artist at the moment of creation is “a born visionary and mystic, beholding things unapparent, believing in experiences that were never actual”).

1.1.3 Dalgaan/ Al-kallattiin Ergaa/Miira dabarsuu (Indirection)

Ogbarruun amalli baay'ee adda isa taasisu yaada dabarsuuf ykn miira wayii nama keessattu uumuuf tooftaan itti fayyadamuu kallattiin dabarsuuf yaaluu osoo hin ta'in faallaa isaa fayyadamuun yaadaa fi miira dabarsuu barbaadee dalgaan dabarsuu isaatii. Kana jechuun ogbarruun yaada cimaa tokko bashannansiisaa osoo nuti hin beekine garuu ergaa sammuu keenya keessatti hafuufi miira too'annaa keenyaa ol ta'ee nu keessatti uumuu danda'uu fayyadamuu isaati. Ogbarruun yaadaa fi miira dalgaan dabarsuuf kan isa gargaaru haala itti fayyadama afaaniiti. Kunis malleen dubbii fi tooftaawwan afaanii amansiisuufi kanneen al tokkotti yaada bal'aa ykn hiika hedduu dabarsuu danda'an waan fayyadamuufi. (The effect of suggestion is achieved through figurative language in poetry and generally through language that is plurisignative or has multiple meanings. ...suggestiveness or indirection could be achieved by a writer by deliberately restraining himself from calling an object by its name while using words and expressions that suggest the object). Fkn. Mallattoo fi mithee faa fayyadamuun kayyoo dalgaan yaada dabarsuutiif fakkeenya gaariidha. Malleen dubbii akkanaa dubbisaan maalummaa wanta/dhimma kallattiin hin ibsamamin garuu kan dalgaan dabarsuuf barbaadame sana irra ga'uuf akka bal'isee fi fageessee yaadu isa taasaa. Kunis dandeettii sammuu dubbisaa cimaa.

Akka amala afraffaatti kan ka'uu danda'u ogbarruun calaqqee jireenyaa ta'uu isaatii.

BOQONNAA JAHA

5. Bu'uurawwaan Walaleessuu (Basics of Verifications)

Bu'uurawwanwalaleessuuunkawwaanwalaloobiraata'anirrattixiyyeeffata.Unkawwankunniinistoo rawalaloo (verse line)buufatawalaloo(stanza), dhiyaannaatooraa (gaaleeykngaalee), rukuttaamanaafisafara fa'a hammata.

1) Toora (verse)

Ogwalaloon bo'oo qabaachuun beekkama. Bo'oon kan garee sararootaa amala adda addaa qaban irraa ijaramu ta'ee sararoonni bo'oo tokko keessa jiran mana rukkuutaa qabachuun beekkamu. Tokkoon tokkoon sarara walaloo ciroo jedhamu? ciroowwan gaaleetti qoqqoodamu, gaaleewwan ammo jechatti ,jechoonni birsaga ykn sagaletti qoqqoodamu jechuudha.galeen kan hafuura tokkoon dubbifamuudha. Jechimmoo wanta hiika qabuudha. Sagaleen garuu hiika hin qabu, garuu walitti dgufanii jecha ijaaruuf gargaaru.

Safarriin kan dheerina hafuuraa jecha ykn birsaga irratti uumamuun ibsamuudha. Faayidaan isaatiis maddalawa gaaleewwaniif, jechootaaf ykn sararootaaf kennuudha.

Walaloonsararalamaafiisaanolirraaijaaramuudanda'a.Toorrisararaqeenxeewalalootokkoottiyeroot okkotokkoakkabuufatayknwalalootokkoottilleeniilaalama.

Toorriwalalootokkoounkagaaleeyknunkaciroo of danda'aatiin (himasalphaatiin) safaramurtaawaandhiyaachuudanda'a.

Fkn 1: kanmataattibaatanumataattinama tufa

Kankaraasaaqaniiftuukaraanamatticufa.

Walaloonarmaanolitti dhiyaate kunniinlamaantoorawwaanlamaafibuufata lama qaba. Toorawwankunniinunkacirooofdanda'aayookiinhimasalphaatiindhiyaatani.Toorribuufatawalaloo tokkooakkumaolittiibsameunkagaaleettiindhiyaachuudanda'a.

Fkn 2: Qabadhee qubakootiin

Hiddaseenaakaleessaa

Qalamadhiigaabbbootiin

Dibamteenaanbarreessa (Lataa 2013)

Walaloonkunitooraa furqabdi. Toorawwan walalichaa unkagaaleeti indhiyaate. Akkafakkeen yatoora wwanfkn tokkoffaattidhiyaataniikan hafuura (boqonnaa) tokkoon kandubbifaman miti.

Sararritokko hafuura matokkoondubbifama. Kanaaf gaalee jedhama.

2) Gosoota Tooraa (Types Verse)

Akaakuun toorawalaloolakkoofsasafarabirsagajechootatoorasanaatiin beekkamu.

Safara Birsaga (metre) Maqaa Birsagaa (name of metre).

1. Birsaga 1	Birsag tokkee (Mono metre)
2. Birsaga 2	Birsag lamee (dimetre)
3. Birsaga 3	Birsag sadee (Trimetre)
4. Birsaga 4	Birsag afur (Tetrametre)
5. Birsaga 5	Birsag Shane (Pentametre)
6. Birsaga 6	Birsag jahee (Hexametre)
7. Birsaga 7	Birsag torbee (heptameter)
8. Birsaga 8	Birsag saddeet (octametre)
9. Birsaga 9	Birsag salgee (nonemetre)

Fknf: Hattuuf waliindhooftuun/ yaate hadhabatti 6/6

Waanguyyaadhoksite/ nyaatteedhandhamatti 6/6

Toorri walalookanaa akkum mallattoo (/) agarsiifamuuf yaalame gaaleedhaan dhiyaate.

Kanaafuusafaratorabuuf atakanaagama agamanatti 6/6'n jehuunnidanda'ama. Sararri (1)

bakkatti hafuurriitti addaancitu, iddooboqonnaadubbisuugaalee agarsiisa.

Osooboqonna malee birsagalamaanuuqabatee 12

ta'a kanaafuugaaleewwan toorawalalookanaa birsag jaheedha.

Walaloon yommuu dubbifamu foyyeffamni sagaleessuu tokko tokko uumamuu danda'a. foyyeffamni kuni kan hokkolaa sagaloo foyyessuun yeedalloo uumuuf waan ta'eef, birsagootni tokko tokko liqinfamuu malu. Gaaleen tuuta jechoota toora walaloo hafuura tokkoon dubbifamuuf safara birsagaa murtaawaa qabuuti. Safarri ammoo hamma birsaga gaalee yookiin cirooti. Safarri rukkutaa manaaf (rhythm) walalootiif murteessadha.

Walumaagalatti, toorri yookiin bo'oon walaloo tokkoo

- Sarara Ogwalaloo keessatti bakki dubbisaan afuura itti baafatee yaadicha walaloo qalbiin ilaalu ni jira. Inni kunis harabaafannaa ykn ce'umsa walaloo (caesura) jedhama.
- Bo'oon ogwalaloo kan garee sararootaa irraa ijaaramu ta'ee haalli sararoonni ittiin hiriiran ykn gurmaa'an bifaafi uunka walaloo murteessa. Fakkenyaaf walaloo keessatti sararoonni mana rukkutaa walfakkaatu qaban ennaa ba'oo tokko keessatti dhufan kuni sarara lamee (couplet) jedham. Kanamalees haallii sararoonni mana rukkuttaan isaanii walfakkaatu sadee, afree (quatrain) shanee... itti uumamus ni jira.
- Gosoota sararootaa rukkuttaan walfakkaatan kanneen bo'oo tokko keessatti dhufan fayidaan isaanii yaadota yaada walfakkatu ibsan dhiyeessuudha (yaanni sarara jalqabaa keessatti dhiyaate sarara itti aanu keessatti cimsama ykn gutuu ta'a).
- Bo'oon haala garaagaraatiin uumamu ergaa walaloo dabarsuu keessatti bu'aa guddaa qaba kanamalees walaloodhaf miidhagina kennaaf, qabatamaas taasisa.
- Rukkuttan bo'oofbifa kennuun allattis walaloon miidhagina (akka qabaatuufii jechoota yaada gurguddaa baatan adda baasuufis nama gargaara.
- Safarriin walaloo kan adda ba'uu danda'u henna walaloon sagaleen dubbifameedha. Sababni kanaatis dhiirinni, gabaabinni, jabiinnii fi lafinni sagalee kan beekkamuu haala sagalee dubbiin dhitaatuu (spoken language0 keessatti waan ta'eefi (we pronounce words in a certain way because we understand where the stresses and accents fall) . safarriin walaloof tartiiba sagalee (sound pattern) umee walaloon dhahaa (beat) akka qabaatu godha. Sarrarriin walaloo baay'ina birsagaatiin murtaa'a. kunis jabbeeffame ykn laafee dubbifamuu birsagaatiin murtaa'a jechuudha. Tartiibni sagalee/birsagaa jabbaatee dubbifamu kuni ijjata (foot) jedhama.
- Rukkuttaan walaloo bakkalamatti rukkutaa keessaafi rukkutaa dhuma sararoota jedhame lamatti qoodamuu danda'a.
- Rukkuttaan keessaa kan sarara keessatti jalqabaafi gidduuttifutti dhufu ta'ee kunis sagalleewwan dubbachistootaaf dubbiffamaa ta'an kanneen sagaleen walfakkatan yoo sarara tokko keessatti jechoota walitti aananii jiran keessatti walfaan dhufaniidha (assonance and consonance).

3) Buufata (Stanza)

Buufatni tuuta toora walaloo ergaa yookiin dhaamsa guutuu tokko dabarsuuf dhiyaataniiti.

Fakkeenyaaf :

Namni wayyaa belesee	}	B ₁
Hin taa'u biyya qorraa		
Balee koo sassaabbadhee		
Namni qalbii belesee	}	B ₂
Hin taa'u biyya ormaa		
Nan taa'e biyya ormaa		
Qalbiikoo sassabbadhee		

6) Gosoota Buufataa (Types of Stanza)

Akaakuun buufataa baay'ina toora irraa uumameetiin murtaa'a. Fakkeenyaaf walaloon armaan olii kuni buufata lama qaba.

BayyinaTooraa

Maqaa Addaa (particular name)

- | | |
|---|----------------------------|
| 1. Buufata toora lamaa (two lines stanza) | Toorlamee (couplet) |
| 2. Buufata toora sadii (three line stanza) | Toorsadee (Tercet) |
| 3. Buufata toora afurii (four lines stanza) | Toorarfee (quatrain) |
| 4. Buufata toora shanii (five lines stanza) | Toorshanee (quantain) |
| 5. Buufata toora jahaa (six lines stanza) | Toorjahee (sexain) |
| 6. Buufata toora toorbaa (seven lines stanza) | Toortorbee (septet) |
| 7. Buufata toora saddeetii (eight lines stanza) | Toorsaddeettii (octavette) |
| 8. Buufata toora sagalii (nine lines stanza) | Toorsaglee (Spenserian) |

BOQONNAA TORBA

6. Dhiibbaa Deddeebbii Sagalee (Sound Repetition Effect)

Toora yookiin buufata walaloo keessatti deddeebbiin sagalee kan adeemsifamuuf:

- Yeedalloo walaloo uumuuf
- Yaadicha haalaan cimsuuf
- Rukkutaa manaa uumuuf
- Xiyyeeffannoo laachuuf

Deeddeebbiin toora walaloo tokko yookiin toorawwan itti aananii dhufan keessatti sadarkaa sagaleetti (birsagaatti), jechaatti, gaaleettiifi kkf keessatti toora walaloo keessatti deddeebisanii fiduuti.

1) Deddeebbii Dubbifamaa duraa (Alliteration):

walaloo keessattii deddeebbii sagalee (birsaga) dubbifamaa jalqaba jechaa toora walalootti taasifamudha.

Fkn: **Icciitii**

Icciitii koo...

Nama amanutti himnaan

Naman amane sunis

Nama amanutti hime

Nama inni amanes

Nama amanutti himnaan

Namuma ... namarraan

Icciitiin koo walga'ee

Anis icciitii akka ta'e

Icciitiin dhaga'ee

Buufata walaloo armaan olii kana keessatti deddeebbiin sagalee dubbifamaa walafakkaataa haalaan kan mul'atu yoo tahu; Innis sagaleen dubbifamaan(N) deddeebbiin kan agarsiifameedha.

2) Deddeebbii Dubbachii (Assonance):

Seeraa barreeffama walaloo keessaatti namni tokko yommuu walaloo barreessuu;

- A. **Deddeebbii sagalee dubbachiiftuu** sarara yookiin **sararoota** (toorawwan) walaloo keessatti argamudha.
- B. **Deddeebbii sagaleewwan dubbachiiftuu** iddoowwaan adda addaa **afee tokko** keessaatti ammas ammaas mul'atudha.
- C. **Jalqaba jidduu yookiin dhuma toora** afee walalooratti walfakkaatee mul'achuu danada'a.

Fakkeenyaaf: 1

Kamtu dursaa?

Bokkaan dhufe

Soddaan dhufe

Bobbaan dhufe

Kamtu dursa yaa jamaa?

Lamaanuu namaaf gamaa

Walaloo kana keessatti sagaleewwan dubbachiiftuu jala sararaman(o,a,u,e) kunneen irra deddeebbii sagalee dubbachiiftuu jedhamuun beekamu.

Fakkeenya: 2

Hundinuu Tokko

Mootittiin balfa tiisisaa

Adamsee waraannan sonsa

Haati nadhiimmoo kanniisa

Waan tokkotu walfakkeessa

Martisaanii iyyuu ilbiisa

Irra deddeebbiin walaloo armaan olii kanaa haalaan qalbeeffadhuuti; deddeebbii sagaleewwan dubbachiiftuu mul'atanii barreessi.

3) Deddeebbii Dubbifamaa (Consonance) :

Deddeebbii sagalee dubbifamaa jalqaba jidduufi dhuma jechaarratti toora yookiin buufata walaloo keessatti argamuuti. Irra deddeebbiin kunis bifa garaagaraan sarara walaloo tokko keessaatti, sararoota jiduutti, dhumaafi jalqabarratti haala walfakkaachuu danda'uun mul'achuu danda'a.Fkn: 1

Billaa billaa abbaa janaa

Wayyaa shureen uffattu

Birraa birraa na gamaa

Yeroo guuggeen dubbattu

Yeroo ijoolleen alaa yaatuu

Walaloo kana keessatti wanti nuyi arginu irra deddeebbiin sagalee dubbifamaa jalqabafi dhumarratti, jalqabaafi jidduutti, sararoota jidduutti kan argameedha. Sagaleewwaan (Y,Y), (B,B), akka waliigalaatti deddeebbiin sagaleewwanii walaloo kana keessatti mul'atanii (B fi Y) tahananii kan argamanidha. Fakkeenya walaloo armaan gadii keessattis sagaleewwaan jala sararaman hundi irra deddeebbii jalqaba jidduufi dhumarratti argaman kan mirkaneessuudha.

Fkn :2

Qilleensi tokko dhufe

Qalamee muka qaphu

Weenni eegeekee qaphu

Geeraraan tokko dhufe

Jaallataan dhaggeeffadhu

Jibbaan gurrakee qaphu.

4) Onomatopoeia:

Sagaleewwaan dhanga walitti bu'iinsaa, sinbirrootni, ilbisootni, beeladootni, bineensootni dhageesisan akkuma jirutti fayyadamuudha.

BOQONNAA SADDEET

7. Gosoota Ogwalaloo (Types of Poetry)

1. Ogwalaloo Gootaa (The Epic)

Ogwalaloon gootaa gosa ogwalaloo namoota biyyaaf hojii guddaa hojjatanii ilaallata. Namoonni kunniin kanneen seenaa fi aadaa hawaasaa keessatti gocha guddaa raawwataniin kabajaa argatanii kan seenessuudha. kanaafuu gosti ogwalaloo kuni qabiyyeen isaa hojiiwwaniifi gochaawwan bekkamoo fi gurguddoo irratti kan xiyyeeffatu jechuudha.

Ogwalaloon gosa kanaa seenicha walakkaa irraa jalqabee gara duubattiifi fuulduratti deemuun seenessa. Seenichi kan bal'aa ta'eefi kan bakka ba'aa keessatti raawwateedha. Kana jechuun namoonni walaloo gosa kanaa keessatti seeneffaman kanneen bakkaafi yeroo dheeraa keessatti gochoota gurguddaa hojjatanii fi kanneen eenyummaan isaanii hawaasa olla kanneen birootinis beekkamuudha. Haalli dhiyaanna ogwalaloo kanniini Afaan jechootaa fi caasaa afaanii ol'aanaa ta'een dhiyaata.

Ogwalaloon gosa kanaa gocha hawaasa keessatti kabaja nama gonffachiisu kanneen akka diina injifachuu, mirgaan galuu (adamoo), akkasumas hojii seenaa qabeessa hojjataniin walqabatee kan barraa'udha. Walaloon kuni wantoota darban ykn kanneen fuuldura dhufuu malanii irratti xiyyeeffachuu danda'a (Imaginative and intellectual). Ogwalaloon kuni jechoota filatamoo, caasaa afaanii xaxamaafi malleen dubbitti bal'inaan fayyadama.

Qabiyyeen afwalaloowwan kanniinii kanneen goota faarsan ykn jajaniifi kanneen debeessa ykn diina arrabsanii fi hamileee tuqaniidha. Kanaan walqabatee afwalaloowwan kunniin goota tokkoo hojilee gurguddoo inni saba isaatiif raawwate fi cimnaa fi dhiirummaa gootichaa kanniin ibsaniidha. Haaluma walfakkaatuun debeessa hamilee isaa tuquudhaan (salphinaa fi qaanii dabeessaa ibsan) akka inni oonnatuufi hawaasa isaa dhiibbaa alaa irraa akka eeguuf kanneen isa jajjabeessaniidha. Kama birootiin afwalaloowwan kunniin kanneen diina ofii arrabsanii fi kanneen onnee keessatti ajjeesuuf kaayyeeffataniidha.

Gaaffilee haala itti fayyadama walaloowwan kanniinii ilaalchisee kan geeraramu yeroo duulaaf manaa ba'an ykn yoo duulaa galan ta'uu danda'a. eenytu geerara kan jedhuuf gooticha mirgaan galee ykn namoonni biroos kanneen hawaasa keessatti bakka guddaa qabaniifi hiriyoota gootichaatiin ta'uu danda'a. Hirmaattonnis miseensota hawaasichaa kanneen gocha jagnummaa

saniin boonaniidha. Kanamalees walaloowwan gootaa nama adamoof ba'ee ykn duula deemee garuu sababoota garaagaraatiin mirga dhabaniinis geeraramuu danda'a asitti garuu qabiyyeen geerarsichaa rakkoolee mudataniifi dhimmoota kanaan walqabatan irratti ta'uu danda'a. walumaa galatti walaloowwan gootaaykn geerarsi kan kabajaa fi jaalala gootaa irratti xiyyeeffataniifi kanneen miseensota hawaasichaa gootomsuuf geeraramn ta'uu hubanna.

2. Walaloo Amantaa (Ballad)

Gosti ogwalaloo kuni haasawatti fayyadamee gochoota/yaada sana akka qabatamaa ta'uu godha(dramatic). Gocha ykn seenaa tokko qofaratti xiyyeeffata. Irra deddeebii sasalphoo ta'aniin dhiyaata. Walaloowwan kunniin dhimma dhunfaa hin dhiyeessan.

Ogwalaloon gosa kanaa kan umrii dheeraa qaban (kanneen jalqabaati) ta'anii kanneen sirbaan dhiyaataniidha. Walaloon kunniin kanneen duri(addaafi) kanneen barreeffaman dhiyaatan jedhamanii lamatti qoodamu. Gosti kuni kan afaaniin/sirbaan darbu ta'ee kan dhimmoota akka jaalalaa, seenaa, baacoo, akkasumas hojiilee namoota gurguddoo irrattis ta'uu danda'a. ogwalaloon kuni afwalaloon yoo ta'e kan yaada garee bakka buuun dhiyaata malee jecha "ani' jedhu kan nama dhunfaa bakka bu'u hin fayyadamu.

Walaloo kun kan miseensonni hawaasa amantaa waaqaaf qabanii fi walitti dhufeenya Waaqaafi ilma namaa gidduu jiraatuu akkam ta'uu akka qabaatu kanneen ibsaniidha. Kana jechuun kaayyoon walaloowwan kanniinii Guddina Waaqaa, akkasumas safuu namaaf Waaqa gidduu jiraatuu qabau, walitti dhufeenya miseensota hawaasichaa gidduu jiraachuu qabu, akkasumas safuu namaa fi uumama (lubbu qabiyyii fi uumamoota akka tulluu, malkaa, mukaa fi ekeeraa) hunda ni ibsu. Gabaabatti walaloowwan amantaa kanneen haariroon namaa fi uumamaa, akkasumas kan Waaqaaf nama gidduu jiru madaalawaa akka ta'uu qabaatu cimsanii ibsaniidha. Kana jechuun safuu cabsuun lola Waaqaa waan fiduufi rakkoolee jireenya keeessatti nama mudataniif sababa guddaa waan ta'uu dan'dauuf miseensonni hawaasichaa akka safuu hin cabsinee kenneen akeekkachiisaniidha.

3. Walaloo Odee (Ode Poetry)

Gosti ogwalaloo kuni kan sirbaan dhiyaatu ta'ee kan rukkutaa qabaachuun beekkamuudha garuu haalli rukkutaan isaa dhokatus ni jira. Kaayyoon isaa ergaa tokko xiyyeeffannoon dabarsuu ta'ee kan garuu jechoota baay'ee qabatamoo fi miira namaa hawwatuu danda'anitti fayyadamuun

dhiyaata. Gosti ogwalaloo kuni amalaa fi uunka ittiin beekkamu qaba. Kumis ogwalaloon kuni gabaabina qaba, Afaan baay'ee filatammn dhiyaata, akkasumas kan yaada kalaqa sammuu ta'ee yaada cimaa dabarsu ta'uu isaati. Uunka ilaalchisee hamanga tokko xaxamaa ta'ee kan kutaa kutaan dhiyaatuudha. Kana jechuun sochii bitaafi mirgatti godhamu fi yeroo dhaabbannaa qaba.

In manner, the ode is an elaborate lyric, expressed in language dignified, sincere, and imaginative and intellectual in tone. In form the ode is more complicated than most of the lyric types. Perhaps the essential distinction of form is the division into strophes: the strophe, antistrophe, and epode" (363).

4. Ogwalaloo Gaddaa (Elegy)

Gosti ogwalaloo gaddaa kan yeroo du'aa dhiyaatu ykn kan nama du'e tokko yaadachuuf jedhamee barraa'udha. Kana jechuun walaloowwan gosa kanaa kanneen dhimma miira walichaa malees miira hawaasa bal'aa xuqan kan dhimmota nama mararan dhiyeessa. Kana malees walaloowwan hojii fi jagnummaa nama du'ee kaasuun dhiyeessuu danda'u (the dirge). Walaloowwan kunniin duti kan hundumaa mudatu akka ta'e ibsuun miira nama tasgabbeesuuf gargaaru.

5. Ogwalaloo Sirbaa (Lyric)

Gosti ogwalaloo kun kan bifa salphaafi amala muuziqaa qabuun dhiyaata. Amalli isaatis miira namatti dhaga'mu ibsachuudhafi. Qabiyyen isaa matadureewwan garaagaraa irratti ta'uu danda'a: jaalala' faaruu, ummama ibsuu kkf.

6. Ogwalaloo Jaalalaa (Romances)

Gosti ogwalaloo kun kan raawwatu bakka fagootti ta'ee (basona ykn gaaraa fi gammoojji namni keessa hin jiraanne keessati) kan jaalalleewan (heroes) rakkoolee garaagaraa keessa darbuun dhumaratti moo'annoon jaalalaan waliin jiraataniidha.

Ogwalaloon jaalalaa bara durii kan bifa sirbaatuun dhiyaatu akka ture hubanna. Yeroo ammaa garuu walaloowwan kunniin meeshaa muuziqaa/dibbee harka rukutta malee barreeffaman kan dhiyaataniidha. Walaloon kuni caalatti muuxannoo fi miira nama dhunfaa (kan jaalalleewwan waliif qaban) ibsuuf gargaara. Uunki isaas salphaafi qabiyyeenis kan miiraa fi jaalala jaalalleewwanii ibsu malee yaada ergaa guddaa qabu hin dhiyeessu. (This quality or

characteristic constitutes the main difference between it as a poetic type and the ballad and the epic which concentrate on extra-personal subjects or themes.)

Walaloowwan kunniin dhimma jaalalaatti dabalatee muuxannoo jireenyaa ibsachuudhafis ni gargaara. Garuu amalli guddaan walaloo jaalalaa muuxannoo fi miira nama dhunfaa irratti ta'uufi kan ilaaalcha dhunfaa nama waleesuu qofarratti xiyyeeffachuu isaadha. (Since the true quality of the lyric is the personal element, that is, as a vehicle of the poet's mood, a means of expressing his individual sensibility...).

Afwalaloo jaalalaa keessatti haala itti fayyadamaa isaaniitiin walqabatee gaaffileen gaafatamuu qaban: “yoom”, “eessatti” “maaliif” “eenyuun”, akkasumas “eenyuuf” kanneen jedhaniidha. Haaluma kanaan yoom kanjedhuuf yeroo dhimmi sibamaniif jiraateetti yoo ta’u, maaliif kan jedhuuf jaalala ibsachuuf ykn rakkoolee jaalalli namarraan ga’u ibsuuf fi kkf, eenyuun kan jedhuuf nama jaalala ibsatu saniin ykn yeroo cidhaa yoo taa’te hiriyootaan ta’uu danda’a. Eessattii fi eenyuuf gaaffilee jedhaniif sirboonni kunniin kan sirbaman qe’ee ykn bakka hojitti ta’uu danda’a kan sirbamaniifis (jamaan) hiriyaataaf ykn namoota birootiif ta’uu danda’a.

Qabiyyee ilaalchisee afwalaloowwan jaalalaa kanneen jaalala gosa hundaa irratti xiyyeeffatan ta’uu danda’u: jaalala hiriya (dhira/dubartii), kan jaalallee, kan haadhaa akkasumas jaalala biyyaa irratti ta’uu danda’a. Fakeenyaaf afwalaloowwan jaalallee kanneen bareedina qaamaa ykn amalaa jalallee ofii ibsan ta’uu danda’a ykn kanneen warraa jaalallee ofii jajan ta’uu malu.

7. Ogwalaloo Tiksitee (Pastoral Poetry)

Gosti kun kan jireenya baadiyyaa irratti xiyyeeffatu ta’ee qabiyyeen isaatis jireenya tiksitootaa, mudannoowwan isaanii, jaala isaanii fi kanneen looniin walqabatan bu’aa loowwanii fi rakkoolee loowwan dhabuun nama irraan ga’ufi kkf hunda ilaallata.

Walaloowwan kunniin kanneen caalaatti jireenya tiksitee fi loowwan faarsan ta’anii kunis kanneen cimina tiksitee ibsan, ykn kanneen ifaajee isaan mudatu ibsaniidha. Kana keessatti beelaa fi dheebuu, bineensaan nyaatamuu tiksittee bal’inaan dhiyeessu. Gama birootiin walaloowwan kunniin kanneen bu’aa loowwan hawaasaaf qaban bal’inaan ibsu. Loowwan namni hin qabnee kan kabajaa hin qabnee ta’uu fi loowwan waasii jireenyaa ta’uu ibsu. Namni loowwan qabu kabajamaa fi kan ilaan isaa qananiisu ta’uufi maatiif wabii ta’uu loowwanii ba’inaan tarreessu.

Kanamalees weeduun dhimma jaalalaa irrattis niweeddifamu. Kunis tiksiteen intala jaalate takka maalummaa fi bareedina ishii kan ittiin ibsatuudha. Akkasumas miidhama jaalalli isarraan ga'ee, akkasumas wal argaa dadhabuun rakkoolee tiksitee sanarra ga'an walaloowwan kanniiniin ibsaman.

8. Afwalaloo Sirreessaa (Satirical Poetry)

Gosti kuni mithee fi satire faayyadamee kan miseensota hawaasaa haala kofalchisuu fi baacootiin fasuu barsiisu ykn amala fi gocha isaanii akka sirreessan taasisuudha. Kanaafuu walaloowwan kunniin amala gaarii yoo jajjabeessan amala gadhee garuu ni akeekkachiisu/sirreessu jechuudha. Fakkenyaaf namni tokko hiriya qabaachuu fi hiriyaanis jaalatamuu akka qabu kanneen gorsa dabarsaniidha.

9. Afwalaloo Hojii

Isaan kunniin kanneen yeroo daboo bakka hojitti ykn erga qe'etti galanii baada sirbaman ta'ee kanneen cimaniin hochachuu jajjabeessanii fi faarsan garuu kanneen masluufummaa fi harka namaa eeggachuu qeeqaniidha. Kanamalees walaloowwan kunniin qoteebulaa fi maatii isaa akkasumas qabeenya isaa kanneen faarsan ta'uu danda'a. gamtaan hojjachuun bu'aa inni qabuufi qophaa deemuun miidhaa fidus niibsus. Kanamalees qabiyyeen walaloowwan kanniin jiruuf jireenya irrattis xiyyeeffachuu danda'a.

Toftaawwan dhiheessa (barreessuu) Ogwalaloo (Rhetorical Devices)

Gosoonni afwalaloo Oromoo tooftaawwan yaada ibsuu hedduutti fayyadamuun yaadaafi dhageetti dabarsu. Tooftaawwan kanniin armaan gaditti ilaallagaafiif akkasumas bal'inaan fayyadamuun yaada fi miira haalaxiyyeeffannoofi hawwata qabuun dhiyeessu/dabarsu jechuudha.

A. Fakkeenyaan Ibsuu (Analogy)

Fakkeenyaan ibsuun walfakkenya wantoonni lama qaban irratti hundaa'ee walmadaalchisa, kunis wantoota lameen walbira qabuun ibsuu ta'ee walfakkeenya isaanii irratti hundaa'uun ibsuudha. Wantoonni lameen garaagarummaa qabaachus malu haatu'malee tooftaan kun walfaakkenya irratti waan xiyyeeffatuuf garaagarummaa isaanii bira dabra jechuudha.

B. Bakkusa ykn Akkasa (metaphor and simile)

Madaalchisuu fi dorgomsiiisuun kan jedhamu amala wantoonni garaagaraa qaban irratti hundaa'ee amala isaan walfakkeessuun madaalchisuu ilaallata. Kana jechuun yaada tokko ifa gochuuf amalaloota wantoota lameen walfakkeessu fudhatee yaadicha ibsa. Asjalatti akkeefi bakkabusni kanneen bifa kanaan amaloota wantoota garaagaraa walmadaalchisaaniidha. Akkeen wantoota garaagara lama fudhatee amala isaan walfakkeessuun walmadaalsisa. Bakkabusni garuu wantoota garaagaraa lama fudhatee amala isa tokkoo akkuma jirutti isa kaniif kennuun walmadaalsisa jechuudha.

C. Faallaa (Antithesis/contrast)

Gosti yaada mul'isuu kuni wantoota walfaallessan lama walbira qabee dhiyeessa. Wantoonni kunniinis yaada, namoota ykn wantoota ykn gochoota ta'uu danda'u. haaluma kanaan faallaan wantoota kanniin amala walfaallessu kan isaan qaban irratti hundaa'ee yaadicha dhiyeessuun mul'isa. Haalli kunis wantoonni (amaloonni) kunniin xiyyeeffannaa akka argatan godhu jechuudha.

D. Addeessa (Description/portrait)

Gosti yaada babal'isuu ykn mul'isuu kuni amaloota watootaa bifa isaanii addeessuf (describe) fayyada. Amaloonni/gochoonni addeeffaman kunniin hammeenyaa fi gaaroma wantootaa ilaalchisee ta'uu danda'a. addeessuun yaada mul'isee agarsiisa. Fakkenyaaf binsoota adda addaa bifa ykn amala isaanii addeessee kanas ilma namaatiin walqabsiisee yaadicha addeessa jechuudha.

E. Raajeffannoo) (Hyperbole)

Gosti yaada ifa taasisuu kuni amala wantoonni qaban hanga isaan ga'anii olitti gura isaanii kaasee dhiyeessa. Kaayyoon raajeffannoo inni guddaan yaadichi akka xiyyeeffannoo argatu godhu waan ta'eef kaayyoo isaa fiixa baasuuf amaloota wantootaa ykn gochawwanii baay'ee jajee ykn xiqqeesse dhiyeessa jechuudha.

F. Ajaja, Utuu/osoo, raajeffannoo, gaaffiif deebii, Hima

Utuu kan jedhamu wanta bifa gaabbiitiin ykn bifa wanta akka inni ta'u nuti fedhii qabnu kan garuu sababoota garaa garaa irraa ka'uun hin mil'kaain kan nuti osoo akkas ta'ee jennee ibsinuudha. Gaaffiif deebiin yaada/ gocha dhimma jiruuf jireenyaa irratti xiyyeeffatee bifa

gaaffiif deebiitiin dhiyeessa jechuudha. Himni yaada dhudaa tokko kan ibsuudha. Kunai dhugaa ykn amala uumamaa ta'uu danda'a. ajaja kan jedhamu kan wanta tokko akkana godhi ykn akkas godhi jedhee bifa ajajaatiin yaada dhiyeessuudha. Kan biro mookan yaada fedhii ibsuuf (opative or vocative) ykn yaada ykn goch anutii qalbii teenya keessatti deeggarsa qabnuuf dhiyeessuuf nu gargaaru.

G. Muuxannoo dhunfaa ibsuu

Inni kuni kan muuxannoo namoonni yeroo dheraaf jireenya keessatti horatan walaloo keessatti dhiyeessuuf fayyaduudha. Kunis yaada gorsaa ykn of eeggannoo godhamuu qabaatu irratti ta'uu danda'a.

H. Walqomiinsa Caaslugaa (Parallelism)

Walqomuukan jedhamu haala yaadonni /gochawwan madaalawaa caasaa qabaatanii ittiin dhiyaataniidha. Asirratti wantoonni hiriyeeffaman sagaleef sagalee ykn jechaaf jecha ta'uu danda'u.

I. Haasawaafi Waraabbii(Dialogue and Quotation)

Gosti kuni dhimma jiruuf jireenyaa irratti ta'ee kan yaada bifa gaaffiif deebiitiin dhiyeessudha.

J. Laakkawweessuufi TarreessuuHirri'suu (enumeration and elimination)

K. Baacoo (Humour)